STAY SAFE MN

# Yeroo COVID-19 keessa maaskiin yoom akka godhatamu

9/14/2021

Akaakuun Deeltaa warra kaan irra salphaatti daddarbuun isaa waan agarsiifameef, ofii keessanii fi hawaasa keessan irraa ittisuuf haalota tokko tokko keessatti maaskii godhachuun barbaachisaadha.

## Yooma ofii keessaniif talaalamtaniittu ta'e iyyuu, nama hundaaf:

Namoonni guutummaatti talaalamanii fi hin talaalamin lachuun isaaniiyyuu haalota armaan gadii keessatti maaskii godhachuu qabu:

- Hojiiwwan daldalaa mana keessaa fi bakkeewwan uummataa, akkasumas mana namoonni keessatti heddummaatan, bakkeewwan daddarbiinsi dhibichaa guddaa ykn ol'aanaa itti ta'e. **Kun masjiidotatti, waldaalee kiristiyaanaa fi galmawwan aadaa keessatti maaskii godhachuu dabalata.**
  - Yoo sirna ittisa qaamaa dadhabaa qabaattan ykn COVID-19 irraa kan ka'e carraan dhibee hamaatiin qabamuu keessanii yoo guddaa ta'e, maaskii godhadhaa.
  - Nama sirni ittisa qaama isaatii dadhabaa ta'e, kan guutummaatti hin talaalamin, ykn COVID-19 irraa kan ka'e carraan dhibee hamaan qabamuu isaa guddaa ta'ee wajjin kan jiraattan ykn yeroo hedduu kan wal quunnamtan yoo ta'e, fii bakkeewwan alaa namoonni itti heddummaatanitti maaskii godhadhaa.
- Bakkeewwan COVID-19 salphaatti itti daddarbuu danda'utti, ykn bakkeewwan namoonni COVID-19 irraa kan ka'e baay'ee dhukkubsachuu danda'an, kanneen akka manneen barnootaa, manneen yaalaa, bakkeewwan qubataa namoota mana hinqabnee, akkasumas manneen sirreessaa keessatti.

## Namoota hin talaalaminiif:

**Namni** guutummaatti hintalaalamin **kamuu**, daa'imman umuriin isaanii waggaa 2 fi isaa olii dabalatee, haalota armaan gadii keessatti maaskii sirriitti isaanitti ta'u godhachuu itti fufuu qabu:

- Hojiiwwan daldalaa mana kessaa fi bakkeewwan uummataa
- Naannoo namoota maatiiwwan biroo keessaa walitti dhufaniitti
- Bakkeetti, yeroo fageenyi hawaasummaa eegamuu hin dandeenyetti

Haalota tokko tokko keessatti, maaskii godhachuun hiika qabaachuu dhiisuu mala, kanaaf bakkeewwan qubataa balaaf nama hin saaxille biroon barbaadamuu qabu.

MINNESOTA

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Bifa biraadhaan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)